Mued 312

Yaadannoo gabaabaa Qo'annoo muuziqaa aadaa fi gaaffilee shaakalaa

Qopheessaan Damee T. (KBBA)

Bara 2012

Hub: Koorsiin kun qabiyyeenn isaa kan istiidiyoo muuziqaa keessatti baratamuu n achumatti madaalaman ture; haalli jiru garuu sanaaf mijataa waan hintaaneef gara dubbisanii hubachuun dandaa'amutti mijate.

Kaayyoo Gooroo Yaadannichaa

Leenjifamtoonni yaadannoo gabaabaa kana erga dubbisanii booda:

- Gosoota Meeshaalee Muuziqaa Aadaa garagaraa naannoo keenyatti argaman addaan b aasanii ni beeku.
- Akkaataa qoqqoodiinsa Meeshaalee Muuziqaa Aadaa garagaraa ni beeku
- Maloota garaagaraa fayyadamuun waantota nnaannoo isaanii irraa meeshaalee muuziq aa aadaa ni hojjetu.
- Haala ijaarsa Guurresoota sagalee biyya ni yaadatu
- Guurreessa Yaadannoo fi baatii gargaaramuun meeshaa muuziqaa irratti nitaphatu
- Shaakala qubaa Yaadannoo fi baatitti fayyadamuun ni taphatu
- Meeshaalee Muuziqaa Aadatti fayyadamuun faaruwwan aadaa garagaraa garee fi dhuu nfaan shaakalanii ni agarsiisu.

➢ **Boqonnaa tokko**

Meeshaaleen muuziqaa aadaa kan naannoo keenya keessatti argaman baay'ee dha. Kanaan walqabatee Meeshaaleen Muuziqaa erga beekamu jalqabee gara waggoota hedduu ni ta'a. Tirannaa waggoota dheeraa kana keessatti meeshaalee duraan jiran foyya'uun meeshaalee

n haarawaan hedduun isaanii kalaqamaniiru. Meeshaalee muuziqaa hammayyaa kan jedha man adunyaa irratti beekamoo kan ta'anii fi warshaadhaan bifa walxaxaa ta'een kan hojjeta man gosa, bifaa fi boca adda addaa kan qabani fi akkaataa garagaraatiin kan taphataman bif a armaan gadiitti qoodamanii jiru.Isaanis:-

- Kan rukuttaa(rukutamuun kan sagalee baasan)
- Kan afuuraa (afuufamanii kan sagalee baasan)
- Walitti riguun kan sagalee baasan

✓ MeeshaaleeMuuziqaa Aadaa kan Rukuttaa(rukutamuun kan sagalee baasan)

Akkuma beekamu Meeshaalee muuziqaa aadaa kan rukuttaa kan jeedhaman kun bara durii irra a kaasee namoonni adeemsa jiruufi jireenya isaanii keessatti harka walitti rukutuu fi muka walitt i rukutuu irraa eegalanii hanga ammaatti itti fayyadamaa jiru.Innis bifa fi boca garaagaraa kan qa buufi dhimma garaagaraaf yeeroo garaagaraatti kan itti fayyadamaniidha. Kana jechuun yeroo a yyaana waggaa, yeeroo Cidhaa, yeeroo waaqefannaa fi k.k.f itti fayyadamu. Isaan keessaa muraa sa isaanii haa ilaallu.




Dibbee:-Dibbeen biyya keenyaa gosa adda addaatu jira. Isaanis nagaarita, Kabaroo, Attaamoo fi k.k.f.dha.Kan hojjetamaniis Gogaa fi muka, Gogaa fi Sibiila, Gogaa fi Suphee fi k.k.f irraatidha.Dib bee kan itti fayyadaman yeroo cidhaa, yeeroo ayyaana waggaa, yeeroo muudaa mana amantaa keessattii fi k.k.f dha.

Kaballaa:Meeshaan kun kan argamuu nannoo keenya keessaatti godinnaalee tokko tokko keessa ati yoo ta'u akka fakkeenyatti Arsii, Baalee, fi Boorana keessaatti baay'iinnaan itti fayyaadamu. y eeroo baayyee kan taphatan shamarraniin yoo ta'u yeeroo Cidhaa, ayyaana waggaa, yeeroo mu udaa fi k.k.f. itti fayyadamu.

Marakasha(tsinaatsilii)

Marakashni meeshaalee muuziqaa walitti rukutamuun ykn urgufamuun sagalee rukuttaa dhage essisaniidha. Fakkii isaa armaan gaditti ilaaluun muka qaqallaa fi qaadaadduu lallaafaa kan akka kookaa fi kkf irraa hojjechuun nidandaa'ama.



Ulee Rukkuttaa: Meeshaan kun Boorana keessatti baay'ee kan beekamu yemmuu ta'u, yeroo ba ay'ee kan itti fayyadamu ijoollee dhiiraati. Kan fayyadamanis yeroo maqabaasii fi qophii adda ad daa irratti.

Erbee: Meeshaan kun Boorana keessatti baayyee beekamaa yemmuu ta'u, isa kana kan ittiin fay yadaman dubartoota. Miilaan dhahuun ittiin taphatu. Yeroo jaarsoleen gadamoojjii mataa buufa ttu ittiin taphatu. Miilli namaa yeroo tokko dhaha yeroo tokko ka'a ritimii isaa eeguun taphatu. B oorana keessatti kan itti fayyadaman meehsaalee aadaa keessaa kanneen akka dibbee, erbee fi uleedha.

- ✓ Meeshaalee Muuziqaa Afuuraa(afuufamanii kan sagalee baasan)

Meeshaaleen kun naannoo keenya keessatti umurii yeroo dheeraa qabu. Hawaasi Oromoo yero o durii jalqabee meeshaalee kana bu'aa bahii jirreenya isaa keessatti yeeroo adda addaa itti fayy adamaa turreera; ammas itti fayyadama jira.Fkn:- yeeroo Cidhaa, yeeroo jalabultii garaagara ittii n wal waamuuf, yeroo walgahii, yeeroo namni du'uu fi k.k.f. itti fayyadama tureera; ammas itti fa yyadamaa jira. Meeshaalee kanniin keessaa muraasa isaanii asii gaditti ilaalla.


Faaggaa:Faaggaan yeeroo durii jalqabee Uummata Oromoo wajjin kan tureedha.Faaggaan afuur an afuufamee kan sagalee baasu yoo ta'u naannoo keenya keessatti dhimma garagaraaf itti fayy adamu.Fakkeenyaaf yeeroo midhaan eegan bineensota ittiin sodaachisuuf, yeeroo sirba jala bult ii dhaqaan ittiin walwaamuuf,abidda ittiin afuuffachuufi k.k.f itti fayyadamaa turan. yeeroo amm aa meeshaalee muuziqaa Oromiyaa keessaa badaa jiran keessaa isa tokkodha.

Xurumbaa: Meeshaan kun faaggaa irraa fooyya'ee kan dhufe yoo ta'u kan jalqabaaf hojjeetames buqqee irraa ture. Yeeroo ammaa garuu siibiila irraa hojjeetama. Hawaasni Oromoo yeroo Cidh aa, haamaa, walgahii, yeeroo namoonni du'an ergaa ittiin dabarfachuuf itti fayyaadamu.

Ulullee:Meeshaan kun jiruu hawaasa Oromoo wajjiin kan walqabateedha.yeeroo baay'ee dargag goonni Oromoo yeeroo loon tiksan, yeeroo midhaan eegan jaalalee isaanii ittiin waammachuuf, galgala yeeroo maatiin walga'u wal bashannansiisuu fi k.k.f. itti fayyadamu. Ululleen meeshaalee Muuziqaa afuuraan afuufamee sagalee baasu ta'ee uraa afur kan qabuu fi sagalee shan kan baa suudha.Moodiiwwan beekamoo ta'an kan akka yaadannoo, baatii, intaloo fi Ambaassal ittiin tap hachuun ni danda'ama.

Meeshaalee Muuziqaa Ribuu:

Maasiinqoo(Xiinboo): Maasiinqoon kan riibuu tokko qabu ta'ee sagalee shanii fi isaa ol baasuu k an danda'u vaayooliinii keenya jechuu dandeenya.




Maqaa Kutalee qaama

1. Ututbaa
2. Sagalee sirresituu
3. Eegee Farda
4. Burkummaa
5. Dhooftuu
6. Sanduuqa Sagalee

Fakkii Maasiinqoo

Kiraara: kiraarri meeshaalee aadaa biyya keenyaa keessaa isa beekamaadha. Aadaadhaan ri buu shanii hanga ja'aa qaba garuu nuti yoo barbaadne ribuu sana olillee gargaaramuu dande enya. Kiraarri bifaan fakkii armaan gadii qabaachuu danda'a.3



Maqaa Qaama Kiraraa

1. Muka dagalee
2. Utubaa
3. Sagalee sirresituu
4. Ribuu Saglee
5. Burkummaa
6. Sanduuqa sagalee


fakkii kiraaraa

Baganaa:Meeshaan kun Etiiyoophiiyaa keessatti bara dheeraa kan lakkofsiseedha. Boci isaa kiraa ra waliin wal fakkaata.haata'u malee hoojan isa kiraara irra kan dheeratuuf ribuun isa furda kan t a'e yookiin sagalee furdaa (beezi) kan baasuu fi ribuu kudhani-kudhatokkoo kan qabuudha. Yero o amma kana darbee darbee waalda amaanta Ortoodoksii keessaatti ittii fayyaadamu Fkn yeroo ayyaana faasiikaa ittii fayyadamu. Baganaan kan taphatamu qubaan ribuu isaa bubbutuun.



Haala hojii meeshaalee muuziqaa aadaa

1. Kiraara: Kiraara hojjechuu yoo barbaanne mukaraa yookaan mukaa fi gogaa irraa hojjec huu ni dandeenya. Fakkeenyaaf mukarraa kan hojjennu yoo ta'ee haala fakkii irratti arga mu armaan gadiin muka murmurree qopheessuun walitti rukunnee qindeessuun ni dand aa'ama.



1. Muka qal’aa irra keessaan asii gadi rukutamuudha
2. Muka qal’aa bitaa fi mirgaan rukutamu (lama)
3. Muka bal’aa irra keessaa fi jalaan rukutamu
4. Muka moggaa garaa garanaan rukutamu
5. Muka moggaa garaa garanaan rukutamu
6. Muka saanduqicha jalaan rukutamu
7. Muka irra keessaan rukutamu
8. Bakka lak.9 irra jiru irraa kaa’uun ribuu n irraati hidhama
9. Bakka lak. 8 irra taa’u

   Hub:Sa’aanii golboo irraallee gogaan huffisanii bifa armaan oliin hojjechuun ni dandaa’ama.



Guurressa Muuziqaa aadaa Itiyoophiyaa fi yaad-hiddama isaa (Ethiopian kignits)

Sirreeffama walduraa duuba sagalee yeroo jennu isa afaan amaaraan‘ qinyiitii’ jedhamu ykn ija arsa sagalee furdaa irraa gara qal’aatti ykn qal’aa irraa gara furdaatti tarreessinee akkaataa seer a qabeessaan kaa’uu ykn guurressuu(Akka gurraaf tolutti qindeessuu)jechuudha. Isas kan biyya keenyaa yoo ilaalle bakka afuritti akka qoodaman koorsota kana dura fudhatte irraa niyaadatam

a.

Isaanis ; 1. Yaadannoo(Tizzitaa) 2. Baatii 3. Ambaassal 4. Intaloo(Aanchi hoyee)

Guurressa yaadannoo/tizzitaa/

Guurressi yaadannoo/tizzitaa/ biyya keenya keessaatti kan bal'inaan tajaajila kenna jiru udha keessumaammoo sabni oromoo adaadhaan faaruus ta'u sirbi isaa irra caalaan yoo i laalame guurressa (iskeelii) kana keessatti ammatama. Iskeeliin yaadannoo/tizzitaa/ saga lee shan irraa kan ijaaramu ta'us bakka lamatti hirama.

1. Yaadannoo /tizzitaa/meejerii 2. Yaadannoo /tizzitaa/maayinerii

1. Yaadannoo/Tizzitaa/ meejerii


Yaadannoo meejeriin warra amaaraa biratti " Tizzitaa meejerii" jedhamee waamama. Innis biyy a keenya keessatti itti gargaaramuun dursaan isa. Akkaataan ijaarsa isaas Iskeelii warra adii wajji n walitti dhufeenya qabaatulleediyaatoonik meejer iskeelii keessaa 4ffaa fi 7ffaa bira taree ijaar ama ,taphatamas.

Fkn. C D E F G A B C (CM diyaatoonikii)

C D E G A C (C yaadannoo /tizzitaa/meejerii)

Walumaa galatti guurressi kun diyaatoonik iskeelii isa ammayyaa irraa ykn abbaa sagalee torbaa irraa digirii 4ffaa fi 7ffaa qofa anbisuudhaan taphatama.

C Yaadannoo /tizzitaa/ meejarii oktaavii tokkoo isataafii Jii kileefii fi Beez kileefiiirratti



Yaadannoo/tizzitaa/ maayinerii

Guurressa yaadannoo maayinariitti irra caalaatti itti fayyadamuun kan beekaman saba warra am aaraati.Akkaataan ijaarsa sagalee yaadannoo /tizzitaa/maayinerii akkuma yaadannoo meejerii af raffaa fi torbaffaarra taree ijaarama, garuu sadaffaa fi ja'affaa semii toonii tokkoon booda deebi' ee ykn hirratee ijaaramas taphatamas.

Fkn

1. C D E G A C ------YAADANNOO/tizzitaaM

   - C D E^{b} G A^{b} C -------Yaadannoo /tizzitaa/maayinarii

Guurressa yaadannoo/tizzitaa/ maayinerii kileefii Jii FI Beezii irratti armaan gaditti ilaali.



Guurressa/Qinyiitii/ Baatii

Iskeeliin baatii akkuma iskeelii yaadannoo meejerii fi maayinerii jedhamee bakka lamatti hirama.

1. Baatii meejerii
2. Baatii maayinerii

Baatii Meejerii

Baatii meejeriin kan ijaaramu meejer iskeelii keessaa lammaffaa fi ja'affaa hanbisuudhaan yk n irra darbuum ta'a.

FknC D E F G A B C (c diyaatoonik meejar iskeelii)

C E F G B C (C baatii meejarii)



2. Baatii maayinarii

Baatii maayinariin akkaataan ijaarsa isaa baatii meejarii waliin tokko ta'ee sadaffaa fi torbaff aa semiitoonii ykn sagalee walakkan booda deebisuudhan hundaa'ee taphatama.

Fkn

C D E F G A B C (C diyaatoonik meejer iskeelii)

C E F G B C (c baatii meejarii)

C E^b F G B^bc (c baatii maayinerii)

INTALOO / Aanchihoyee/

Iskeeliin kun akka warra kana duraa bakka lamatti hinqoodamu.Akkaataan ijaarsa guurressa intaloo /aanchihoyee/ ,diyaatoonik meejer iskeelii keessaa sagaloota digirii 3ffaa fi 7ffaaa irr a jiran hanbisuun ,kan 2ffaa fi 5 irra jiran immoo walakkaan hirrisuun uumama ykn immoo h aala walirraa fageenya isaan herregnee ijaaruu dandeenya.

Fkn

C D E F G A B C (C diyaatoonik meejer iskeeliidha)

C D^b F G^b A C (C Intaloo /aanchihoyee/)

Gabatee muuziqaa lachan irratti immoo kan armaan gadii fakkaata.



Guurressa/Qinyiitii / Ambaassal


Akka iskeelii warra kanaan duraa iskeeliin ambaassal gosa ijaarsa sagalee lama hinqabu.Ak kaataan ijaarsa iskeelii kanaa akkuma iskeelii intaloo sadaffaa fi torbaffaa irra darbee ijaara ma garaagarumman isaa garuu kan inni semi toonii tokkoon booda deebiyee ijaaramu lamm affaa fi ja'affaadha.

Fkn.

C D E F G A B C (C diyaatoonik Meejarii)

C D^b F G A^bC (C - Ambassal)

Fkn.



Boqonnaa lama

Meeshaalee muuziaa aadaa irratti taphachuu

Kaayyoo Gooroo:

- Barattoonni boqonnaa kana keessattti beekumsa meeshaalee muuziqaa a adaa irratti taphachuu ni gonfatu.

Faarulee garaagaraa taphachuu: Hanqinni meeshaalee muuziqaa fi umna nama barsiisuu waan ji ruuf malee silaa barattoonni faaruwwan yoo xiqqate jaha meeshaa muuziqaa irratti akka taphat antu eegama ture, garuu haalonni ammaa sanaaf mijatoo waan hintaaneef fakkeenya haala itti f aaruun nootaan barreeffamee dubbifamuun taphatamuu lama armaan gaditti dubbisuun sagale e ofiin jalqaba yeedaloo isaa nootaan dubbisuun dhumarratti walaloo isaa waliin firoomsanii faa rsaa dhageessisuun ni dandaa'ama. Sana raawwachuufis jalqaba guurressa faaruun sun irratti qi ndeeffame taphachuun sagalee isaa adda baafachuun gocha dursuudha. Fakkeenya armaan gadi i dubbisuun shaakalaa!

Sanaafis:

1. Yeedaloo nootaadhaan barraa'e adda baasanii maqaa maqaa isaa beekuu
2. Sagalee nootaa Sanaa hanga turtii isaan adda baasuuf yaaluu meeshaa muuziqaa waliin
3. Walaloo isaa fi yeedaloo isaa walitti firoomsuun farrsuu

Arra.by Demie T.

